# 28B. SHEET'ANI YESO ILAALATA ( **pichaan hinjirtu* )

**Matayo 4:1-11, Luka 4:1-13**

Eegi Yohanaani isa batise, Hafuuri Qulqulloni gara lafa aloo ta Yerusalemufi Yeriko jiddu jirtu isa qajeelche. Inni guyyaafi halkan afurtama afaan hid'ate achiiti kad'ate duuba Sheet'anilleni isa laalate. Inni waan tokkolle insooranne, yosuni guddo beela qaba.

Duuba Sheet'ani waan Yeson jed'e, "Yo atini d'ugumaani Ilma Waaqa taate, kha atini d'ugumaani kha muudame taate, nu garsiisi. Dakhaayye tana ajaji qitaati jijiiri."

Ammo Yesoni waan Seetanaani jed'e, "Oduun dansaan nuti himti, 'Nami qita ch'allaani dandae hinjiraatu ammo dubbi afaan Waaqa keesa baatu ch'ufaan jiraata'."

Duuba Sheet'ani Yerusalemu geese fiit'e Mana Waaqa gubba d'aabe waan jed'eeni, "Yo atini d'ugumaani Ilma Waaqa kha muudame taate, arma irra khuruumpadhu! Maan jennaani Kitaabi waan jed'u, 'Waaqi Maleekota ufii sii erga akka worri si baasu.' Dubbiin ammalle waan jettu, 'Worri si harkuma ufiitini si qaba akka miila kanke dhakhaan hind'oomne'."

Ammo Yesoni deebise jed'e, "Waaqa Gofta kanke ilaalacha keesa hinkaaini."

Ammalle, Sheet'ani Yeso gaara d'eera gubba khaaye mootumma fi durumma lafa chufa garsiise waan jed'eeni, "Anin mootumma tanaafi guddinna isii chufayu sii kenna. Waan kana chufa ya naa kennani, anini nama fed'ee kenna. Amma tante taati. Atin na ch'alla duraati gadi jedhi na Waaqesi."

Yesoni marro muumme deebise waan jed'e, "Arma deemi, Seetan! Kitaabi 'Waaqa Goofta keeti male waan dibi inwaawefatin' jed'a'."

Duuba inni qofa achiiti hafe, maleekani Waaqa d'ufte isa tajaajilte. Jireenna Yeso keesa, Sheet'ani chubbu ilmeen nama hojjatufi ta akka hojjatu herredulle chufaani layyu Yeso ilaalate. Ammo Yesoni ilaalacha Seetana indide ammalle takkuma wolaala inseenne.

**<u>QAJEELUMSA BARNOOTA</u>**

**<u>HIMAANSA JALQABA</u> : Gaafi ato oduu hinoodeesinu nam gaafatani tana gumii gaafadhu yokhaani akka namu lam lamaani irra wolgaafatu tolchi.**

- Jireenna kanke keesati karaan Sheet'ani guddo si laalatuun kami?

**<u>ODUU : Oduu tana irdedeebii himi akka akka gumii waliiin baratan.</u>**

**<u>HAASA EEGI ODUU HIMANI: Gaafi tanaati haasa suni qajeelcha:-</u>**

***<u>Waan YESO nu maan baranna?</u>***

- Oduun tunini akka Yesoni **d'ugumaani nama garsiifti?**

- Inni akkuma nama d'ibii ilaalatame.
- Inni imbeelae.
- Inni inkad'ate, Waaqati hirkate. Akka Hafuuri Qulqulloni gara isa jabeesu fed'e.
- Sheet'anilleni akkuma nama dhibi ilaalatu isa ilaalate- D'arra waan nami ilaan arguuni, Ufguddisiitifi, Barchumma gugurda barbaadun.

- Irjirtiini **namoomiti Yeso beekhuu** maani?

- Yesoni akkuma nama d'ibii ilaalacha jajabdu wolaal kees nam keetu kees bahe.
- Yesoni dandae haala keenna beekhe nuu naha.
- Yesoni qorqorti jabdu Waaqati hirkate ta isa tissite ammalle maleekota isaa ergite.
- Yesoni Sanyi uwwiti, ta Waaqi Oobru Edeni keesati kakhate. Inni nama tahe d'alate.
- Sanyiin uwiitii keesa baatu Seetana indabsati. Inni abarsa dua ta oobru Edeni keesati dabarsani gargalche duisa dabsate. Tunini oduu Yeso ta inni Seetana dabsatu.

- Oduun tunini akka Yesoni **d'ugumaan Waaqa** maanin himti? (AFAAN D"IBIINI...)

- Oduun tunini akka Yesoni akka Waaqa **jabeenna chufa qabu maanin himti?** (Inni jabeena chufayu inqaba, inni waan chufayu harka qaba, inni chufa irra jira ammalle guddaa)
- Yesoni jabeennafi humna Seetanaani lole, dide ammale gussuun qaba.
- Oduun tunini akka Yesoni, **akkuma Waaqa, beekha chufa qabu** garsiifti?
  - Yesoni Seetanaafi mala malte isa imbeekhe.
  - Yesoni Kitaabafi akka kara Dubbi Waaqatiini Seetana had'ani d'ara isa d'uga Waaqatiini dabsatan imbeekha.
  - Inni akka gaafi Seetanaa deebiseti qarooma Waaqa qit'e garsiise. Inni duwomaafi d'ara Seetana imbeekhe.
  - Akka waaqefannani Waaqa ch'allaa malte imbeekhe.
- Oduun tunini akkamiini akka Yesoni **qulqulloo** garsiifti? (Kha d'ugaati, qajeela, kha seera kennu, kha chubbu jibbu, kha gati chubbuu duisa namaati muru)
- Yeson qulqulloo. Inni ato ilaalacha jajabdu kees bahelle, wolaala hintolchine.
  - Yesoni Kitaaba huji dansa irra oolche. Inni waan jed'e, "Ya t'aafani..."
- Oduun tunini akka Waaqi **tola-eebba** isa qabu maanin nu garsiifti? (jaalata, kha chubbichaa nahu, arja, kha ilme namaatin wolhaasau).

- Yesoni qulqullicha, ilme oola ka botolle tokolle hinqamne, kha sorio marro chubbu lafaatifi tau.
- Yesoni eeba isaatini ufi diqeese, inni kha nama tae, akka ilme nama baasu.

- Yesoni nuuni taka ufi qolche gaargalaafi ilaalachaaleni.
- Oduun tunini akka Waaqi ka **d'ugeefatame** maanin himti? (Inni hinjijiiramu, kakhu isaalle inguuta, waan jed'elle imuummessa).

  Yesoni Sanyi Waaqi gaafa Waaqi oobru Edeni keesati Seetana abaare kakhate.

  Yesoni akkuma Waaqi kakhate Seetana dabsate.

  Yesoni Kitabaati d'ugeefatame iti fayyadame. Oduuni wold'qiisa Dullachaalleni oduu waan Yesoo.

**<u>Oduun tunini waan Seetana maan nu barsiifti?</u>**

- Sheet'ani d'articha.
- Seetanni waan dansa fakkaata, Kha akka: Dubbi Waaqa fuud'e namalleen sobuu indandaa.
- Seetanni Dubbi Waaqa gargalche, d'uga sobaati jijiira.
- Akkuma Adamuufi Hawai Oobru Edeni keesati ilaalate, inni akkasuma Yesolle ilaalate. Inni Yeso kara beela foonitifi, ufguddisiiti hafuuratiifi, uftuulumma ilma Waaqa tau isaatillen isa inilaallate. Inni akka mata isaatini ufi bulche Abba didu isa ilaalate.
- Sheet'ani laafina keena imbeekha; Inni fula nu laalatulle imbeekha.
- **Sheet'ani** jannoona nama ch'ufaati d'ufani ilaalatan qaba, Yeesolle inilalate.

**<u>Waan NAMAATIFI wold'aqiisa isaafi Waaqa jiddu jirtu irra maan baranna?</u>**

- Oduun tuini kara kamiini akka nami d'ugeefachaafi araara galu male nuti himti akka dandae Waaqa gammachiise ammalle baafamu?

  - Akki nu Yeso dugeefatamnu, isaa immale. Isa kara chufaan inilaalatani, ammo wolaala hinseenne.
  - Yeson Waaqa, akki nu isaa d'ugeefatamnu isaa immale.

- Yeson kara kamiini ilalacha dabsata?

  ○ Inni Dubbi Waaqa beekhe, gaafi Sheet'ani isaan had'u suni indeebiseefi, maan jennani inni dubbi Waaqati d'aabate akka isiini d'ugaafi humna qabdu mirkaneefate.

**<u>Gaafi Ballinaani Huji irra Oolchuu Malani</u> :**

- Karaan yo heddu Sheet'ani arra namaan ilaalatu kara aadaa gumiini kami fa?

- Seetanni kara kamiini dhugeefatoota ilaalata? Inni kara kamiini bifa Yesooni ilaalata suniini nulle ilaalata? Oduun tunini kara kamiini akka nu ilaalacha mormine dabsannu nu qarqaarti?

**Gaafi huji irra oolchuu malan (akka nam tokooti yokhaan akka gurmuutti):**

- **D'ieenna kana Seetanni kara kamiini si sobu iti gamuuti jira** akka jireenna kanke jijiiru? Fulaan laafinna ta Sheet'ani qajeelfate had'u jirti?
    - Atini yo gari guddifte jabeenna keetiti inhirkata aka Seet'ana marmite ammalle dabsattu? Dubbi Waaqa adda iti d'aabachuuni kara kamiini akka atini guutuma guututi Waaqati d'ugeefattu si qarqaarti, fula ufiiti d'ugeefattu?